## RIQICHA HOJJAA OL'AANAA LIXA SEATTLE FI DEEBII COVID-19 TIIF KENNAMU

Ji'oota gannaatiin olitti imaltoonni Lixa Seattle fi Duwamish Valley naannoo kana gahan bara 2020 keessa sirritti jijjiraman Baroota muraasa dhufan keessatti namoonnii gara naannichaa imalanii fi bahan irratti dhiibbaa dabaluun dhiibban irratti taasifamuu itti fufa. Daandiiwwan jijjiirraa Riqicha Lixa Seattle yeroo amama kanatti cabbii fi rooba cabbiittiin kan guutaman akka ta'e mirkaneessineerra.
Yeroo rakkisaa kanatti akkaataan itti namootaa fi meeshaalee akka socho'an gargaaruu ndandeessu kanadha:

1. Karoora baasi akkasumas daandiiwwan jijjiirraa irratti konkolaataa hedduun akka jiru eegi.
2. Bakka deemuu barbaaduu ga'huuf ofii keetiif sa'aatii dabalataa kenni.
3. Tooftaalee imalaa haraa kan akka miilaan adeemuu, biskileetii oofuu, yookan konkolaataa baasii fayyadamuu yaali. Qofaa kee hin konkolaachisin yoo danda'ame.
4. Imaltoota akka keetiif obsaa fi garraamii ta'i akkasumas olloota qarqara daandii ati fayyadamtuu jiraatan hubannoo keessa galchi.

Iddoowwan qorannoo dhikkuba COVID-19 hudi karoora haala qilleensa gannaa keessa jiraachuu isaanii ni mirkaneessina Akkasumas iddoowwan dabalataa akkuma dabalamanii fi iddoowwan jijjiiraman nuti haaluma jiruun jijjiiruun sirreessuu ni dandeenya!

## NAGAAN TURAA DIRQAMA YOO SINITTI TA'E MALEE HIN KONKOLAACHISINAA

Daandiiwwan konkolaataa baasii diilalla bu'uu fi cabbii irraa qulqulleessuuf Baabura King County (King County Metro) waliin hanga danda'amaa ta'een ni hojjenna akkasumas bakka dhabamsiisnutti meeshaalee hunda fayyadamuuf kutannoon kan hojjennu yommuu ta'u kunis namoonni konkolaataa baasii fayyadamuun gara magaalaatti galuu akka danda'an mirkaneessuufidha.

Dirqama konkolaachisuun kan si barbaachisu yoo ta'e, of eeggannoo dabalataa taasisuun mallattoowwan daandii cufamanii (Street Closed) hundaaf ajajami. Daandiin yoo cufame kana jechuun konkolaachisuun nageenya hin qabu jechuudha. mallattoowwan balaa kamiiyyuu ilaaluu yoo hin dandeenye tarii cabbiin guraachi yookan kan ati archuu dandeessun olitti ddoon hin mul'anne jiraachuu danda'a.

Yeroo kee fudhadhu akkasumas wal eega ykn wal ilaala cabbii haramu bira darbuu hin yaalin akkasumas namoota miilan imalanii fi biskileetii oofa caalatti yaadi.

Konkolaatawwan kee funcawwan yookan meeshaalee harkisuu kan haala qillensaa ganaatiif ta'u itti godhuun itti gaafatamummaa kee akka ta'e mirkaneessi.

**ODEEFFANNOO DABALATAAF**
Qajeelcha Geejjibaa Seattle (Seattle Department of Transportation)
www.seattle.gov/transportation/winter-weather

Appilikeechinii keenya Kaartaa Haala Qilleensa Gannaa / Winter Weather Map/ jedhu gadi buusi!
Google Play
Apple AppStore

**Odeeffannoo Waliigalaa**
https://takewinterbystorm.org/king-county/



### KAROORA KEENYA BUBBEEWWAN OBOMBOLEESSA GANNAATIIF

Seattle keessatti, ganni rooba cimaa, bubbee ol'aanaa, diillaLlaa bu'uu, fi cabbii fiduu ni danda'a. Qajeelcha Geejjibaa Seattle (Seattle Department of Transportation) SDOT yeroo dhahiinsi bishaan gannaa dhufutti nageenyaan jiraachuu kee mirkaneessuuf haalota to'achuu.

- Hojjettoonni keenya gabaasa haala qilleensaa guyyaatti sa'aatii 24, waggaa guutuu, sarara kallattiitiin armaan gadiitiin hordofu Tajajaila Haala Qilleensaa Biyyoolessaa (National Weather Service)) fi tamsaasa kallattii Doppler radar dhiyeessuun.
- Meeshaalee raaga haala qilleensaaYuunivarsiitii Washington (University of Washington) tiin hojjetame kan SNOWWATCH jedhamee waamamu fayyadamuun akkaataa itti bubbee obomboleessi olloota garaagaraa miidhuu danda'u ni baranna. Odeeffannoobn kun gareewan keenya jalqaba kan barbaachisan ta'uu fi dhiisuu isaanii murteesuuf gargaarsa
- Meeshaaleen seensarootaa lafarra jiranii fi meeshaaleen seensaroonni riqichawwan magaalaa irratti argaman haala hoo'inaa fi qorrina qilleensaa fi lafa daandii sirrii fi waytawaa ta'e ni dhiyeessu.
- Daandiiwwan furtuu ta'an irratti kallattiidhaan haalota jiran laaluuf kaameeraawwan kallattyiin tamsaasan ni fayyadamna Weebsaayitii kee irratti wanttoota kaameeraan ilaalu ilaaluu ni dandeessa, www.seattle.gov/travelers.

### GALMI KEENYA SEATTLE NAGEENYAAN AKKA SOCHOOTU EEGUUFIDHA

- Yeroo bubbee obomboleessi hammaatutti gareen hojjettootaa keenya sa'aatii 24/7 daandiiwwan magaalichaa baay'ee barbaachisaa ta'an konkolaatawwan baasiiwwan ta'anii fi tajaajilawwan balaa tasaatiif qulqulleessuuf ni hojjetu.
- Cabbiin bu'uu osoo hin eegalin dura gareen hojjettootaa cabii akka hin uumne ittisuuf meeshaa farra cabbii fayyadamuun daandiiwwanii fi riqichawwan furtuu ta'an dursanii ni qulelleessu.
- Cabbiin bu'uu yoo eegale gareen hojjettootaa daandiiwwan irraa cabbii dhiibu ykn qulqulleessuu fi yeroo cabbiin bu'uu itti fufee bakka barbaachisaa ta'etti soogiddaan daandicha itti fufiinsuun ni qulqulelessu
- Daandiiwwan gurguddaa Seattle keessa jiran keessaa daandii-sararaawwan 1200 ta'antu jira. Erga bubbeen bishaani buute booda lafa kan hundumaa qulqulleessuuf hanga sa'aati 12 fudhachuu ni danda'a
- Sirna Agarsiisa Iddoo Addunyaa (Global Positioning System) GPS iddoowwan meeshaalee qonnaa fi konkolaataawwan garagalchaa barbaaduu. Kaartaan weebsaayitii keenya irra jiru daandii hangam yeroo dhiyootti akka qulquleleffame ni agarsiisa: www.seattle.gov/StormResponseMap

## WAGGAA GUUTUU CABBIIF NI QIPHOOFNA

Yeroo bonaa keessa hojjettoota ni leenjisna, meeshaa ni quutna, akaksumas shariikota eejansii naannoo waliin ni hojjenna Kana jechuun gareen hojjettootaa keenya yeroo raajni haala qilleensaa bubbee ol'aanaa, rooba cimaa yookan cabbii fi rooba cabbii jirutti gara hojii deemuuf qophiidha. Hojiin isaanii daandiiwwan mukkenii fi dameewewan cabbii fi rooba cabbii irratti kufan qulqulleessuu fi mallattoowanii fi agarsiistota suphuudha. Dhiyeessiin sooqiddaa fi dhangala'aan farra cabbii kuusaa keessa jiraachuu isaanii ni mirkaneessina

## CABBII KEESSATTI BISKILEETII OOFUU

- Yeroo cabbiin jirutti namoonni naannoo sana imaluu akka danda'aniif gargaaruuf hojjechaa jirra. Garee tajaajiluu fi qulqulleessuuf qophaa'e qabna daandiiwwan biskileetii eegaman.
- Daandiiwwan biskileetii qulqullessuun yeroo fudhata. Hojii bu'a qabeessa hojjechuuf daandiiwwan biskileetii kan qulqullaa'u daandii gara jalaa erga qottamee booddee yoo ta'u kunis cabbii dabalataa gara daandii biskileetiitti akka hin dhiibne ittisuufidha.
- Cabbii keessatti biskileetii oofuuf yoo murteeffatte haala qilleensaatiif uffata calaqqisaa uffadhu, ibsawwanii fi helmeetii mataatti kaawwata fayyadami
- Haalonni daandii yeroo kamiyyuu jijjiiramuu ni danda'a kanaafuu suuta konkolaachisaa, akeekkachiisa fayyadamaa, konkolaachistoonni dhaabbachuuf yeroon dabalataa akka barbaachisu fi haalota daandii hin beekamnee qajeelchuu akka qaban beekuu qaban.

## IDDOOWWAN DAANDII CINAA IRRAA DEEMAN QULQULLEESSUUF GAHEE KEE BAHI

- Hundi keenya waliin as keessa jirra akkasumas tokkoon tokkoon namoota cinaa daandii imala miilaa kan mana keetii fi bakka hojii daldalaa kee fuuldura jiru yeroo cabbiin bu'u qulqulleessuuf itti gaafatamummaa qaba.
- Cinaawwan daadnii miilaan irra imalan maayiloota 2,400 ol ta'an Seattle keessa kan jiran yoo ta'u akkasumas gareen hojjettoota SDOT yeroo tokkotti bakka hunda ta'uu hin danda'a. Nutis cinaa daandiidiiwwan imala miilaa kanneen gamoowwan dhuunfaan qabaman cinaa hin jirree akka qulqulleesinuu fi daandiiwwan magaalichaa baay'ee barbaachisaa ta'an qulqulleessuu irratti xiyyeeffachuu akka dandeenyu isin gahee keessan akka baatan isin irratti irkanna.
- Cinaawwan daandii imala miilaa mana yookan hojii daldalaa keessan fuuldura jiran qulqulleesuun seera qofa miti namni tokkoon tokkoon namootaa yeroo cabbiin bu'u nageenyaan imaluu akka danda'aniif keessattuu namoota ija jaamaa, yookan namoota naannoo akkasii keessa imaluuf isaan rakkisuutiif wanta gaarii hojjechuu qabnuudha.
- Hawwaasa kee keessa eenyu akka gargaarsa barbaadu beekuuf osoo bubbee obomboleessi hin dhufin dura olloota keessan dubbisaa. Wal gargaaruuf waliin hojjechuu fi cinaawwan daandii imala miila mana naannoo mana keetii jiruu hunda qulqulleessuu fi tokkon tokkoon namootaa nageenya naannoo sana irra imaluu akka danda'u mirkaneessuuf karoora baasuu

**Akkaataa itti qophaa'an:**

- Osoo bubbee obomboleessi hin dhufin dura meeeshaa kuufachuu. Akaafaa cabbiin haran, korojoo soogidda daandii, uffata ho'aa, uffataa qorraa dabalataa, ibsaa tirikaa, meeshaalee gargaarsa sadarkaa duraa, fi nyaaata, bishaan fi qoricha maatii guutuuf guyyaa sadi ni dhiyeessu.
- Osoo hin dilallaa'in duratti soogidda kattaarra (yookan oomisha naannoo hin miine) firfirsuun akka cabbii hin uumne ittisuu.
- Yoo cabbii buusuu eegale osoo harcaa'uun isaa cabbii hin uumin dura tokkon tokkoon sa'aatii 12 keessatti cinaa daandii imala miilaa haruu. Yoo dandeesse ollaa gaarii ta'I akkasumas bo'oowwanii fi gadi bu'a rogaa maramaa naannoo mana keetii lolaa maqsuun qulqulleessuuf gargaari yookan olloota gargaarsa barbadan gargaari.

# ODEEFFANNOO SAFFISAA HAALA QILLEENSA GANNAA

## UFFATA GANNAA UFFADHAA




## OLLAA GARGAARAA:

- Qarqara daandii qulqulleessaa
- Suuqiwwanii, dhiyeessiwwan




## SDOT CABBII FI CABBII KUUFAMAA DAANDIIWWAN GURRGUDDOO IRRAA NI QULQULLEESSA




## QARQARA DAANDII HARCA'A BAALAA, KUUFAMA CABBII FI CABBII IRRAA QULQULLEESSAA



## SAGANTAA BAKKA BUUFATA AWUTOBISII YEROO CABBII BEEKAA AWUTOBISII YAABBADHAA




## HAALA RAAGA QILLEENSAA CAQASAA



## "MALLATTOOWWAN DAANDIIN" CUFAMUU AGARSIISAN KABAJAA




## KONKOLAATAA:


- Cabbii kuufamaa irra yeroo barbaachisaa ta'e qofa konkolaachisaa
- Fooddawwan qulqulleessaa
- Goommaa gaarii filadhaa; meeshaalee mucucaa qopheeffadhaa
- Suuta konkolaachisaa
- Konkolaattota gidduu iddoo bal'aa hanbisaa

# IBSA KAARTAA

**WARQEE**
Daandiiwwan imalaa hundi diilalla bu'uu fi cabbii irraa qulqullaa'e

**IMARALDII**
Tokkoon tokkoon kallattii keessatti daandii imalaa tokko diilalla bu'uu fi cabbii irraa qulqullaa'e

*Galmi keenya erga bubbeen obomboleessa uumamee kaasee sa'aatii 12 kessatti daandiiwwan kanneen qulqulleessuudha.*





**Kutaa kaabaa maappii 1 kan 2**

# DAANDIIWWAN CABBII AKKAMITTI FILANNA

Yeroo bubben cimaan cabbii buusu jiraate daandiiwwan baay'ee barbachisaa maayila 1,200 kan Seattle kanneen gara hospitaalotaa, manneen barnootaa, tajaajilawwan bala tasaa, dahoowwan, fi hojjechiistota gurguddaaf dursa kennuun qotuu.

Yeroo tokkotti bakka hunda jiraachuu hin dandeenyu akkasumas daandiiwwan hedduun qotuf baay'ee dhiphoodha. Gaaroni yeroo baay'ee dhiibbbaa guddaa qabu akkasumas osoo kon kolaattota hin miidhin yookan cabbii jala osoo isaan hin awwaalin qotuuf iddoon hin jiru.

Qajeelchi Geejjibaa Kutaa Biyyaa Washington (Washington State Department of Transportation) daandiiwwan saffisa fi daandiiwwan bilisaa kan mootummaa haruuf ykn qulqulleessuf itt gaafatamummaa qaba Nageenyaan naannoo sana kessa imaluuf karoorri gaariin jiraachuu isaa mirkaneessuuf michooma dhiyeenyaatiin waliin hojjenna.




**Kutaa kibbaa maappii 2 kan 2**